

## **UNITE HERE Taateewwan Nageenya Daataa Miseensoota Gamtaa Naannoo Murtaa'anii fi Fandii Fayyaa Dhiibbaa Umaniif Mallattoo Beeksisaa Ni Kenna**

UNITE HERE taateewwan iccitii odeeffannoo miseensota waldaalee naannoo murtaa'anii fi fandii fayyaa UNITE HERE waliin ta'ee, dhiibbaawwan hanna eenyuummaa mudachuu danda'an beeksisaa kennaa jira.

**Maaltu ta'e?** Onkololeessa 20, 2023 qaamni sadaffaan hayyama hin qabne sirnoota keenya akka fayyadame hubanneerra. Sana booda qaqqabummaa dhaabuu fi ittisa guddisuuf tarkaanfii fudhanne. Maalummaa fi ball'ina taatee kanaas qorachuuf ogeeyyii saayibarii (cyber) fidneerra.

**Odeeffannoo Maal Fa'atu Hammatame?** Taatee kanaan walqabatee akaakuu hanna kamiitiifuu ragaa hin qabnu. Namoota yeroo taatee sanaa odeeffannoon isaanii sirnichaa keessa ture beeksisaa jirra. Qaamni sadaffaan kun odeeffannoo maqaa, lakkoofsa wabii hawaasummaa, hayyama konkolaachisummaa, lakkoofsa eenyummaa mootummaa, lakkoofsa galmee alagaa, lakkoofsa eenyummaa gosaa, lakkoofsa paaspoortii, ragaa dhalootaa, guyyaa dhalootaa, waraqaa ragaa gaa'elaa, mallattoo, odeeffannoo herrega maallaqaa fi yaalaa dabalatee odeeffannoo hundumaa argachuu hin oolu.

**UNITE HERE Maal Gochaa Jira.** Dhuunfummaan, iccitii fi ittisa odeeffannoo kunuunsa keenya keessa jiru wantoota dursa kenninuuf keessaa isa tokkoodha. Taateewwan akkanaa yoo nu qunnaman battaluma sanatti jechoota darbii sirnichaa ni haaromsina, eeggumsa jechoota darbiis dabaluuhaan, daataa kamtu balaadhaaf saaxilamuu akka danda'us ni qoranna. Qaamolee seera kabachiisanis beeksifnee jirra. Carraa wanti akkanaa deebi'ee mudachuu gadi buusuuf hojjachaa jirra. Kana malees, tajaajila hordoffii liqii fi eegumsa hanna eenyummaa karaa IDX'n kennaa jirra.

**Waan Gochuu Dandeessu.** Hanna fi saamicha eenyummaa irraa of eeggachuuf yaada isiniif dhiheessina:

- Ibsa herregaa fi gabaasa kireedit keessanii, sochii ykn dogoggora shakkisiisaa ta'e ilaalaa.
- Tarkaanfiiwwan Odeeffannoo Keessan Eeguuf Fudhachuu Dandeessan* kanneen walitti qabaman irra deebitanii ilaaluun, tarkaanfiiwwan odeeffannoo dogoggoraan fayyadamuu danda'an irraa of eeguuf gorsa gargaaraa fudhadhaa.
- Tajaajila hordoffii kireedit bilisaa nuti isiniif kenninu keessatti galmaa'aa.

**Odeeffannoo Dabalataaf.** Gaaffiiwwan deebii hin arganne qabaachuu akka dandeessan ni hubanna. Gaaffii dabalataa yoo qabaattan, Wixataa hanga Jimaataatti ganama sa'aatii 9 am – 9 pm sarara gargaarsaa adda ta'e IDX irratti bilbilaa ykn Daandii 7th Avenue, 16th Floor, New York, New York 10001 irratti barreessaa. UNITE HERE namoonni dhiibbaan irra ga'uu danda'u yoo jiraatan, yaada isaanii xalayaa isaan qaqqabe hordofuun gaaffii yoo qabaatan wiirtuu bilbilaa akka qunnaman gorsa.

## Odeeffannoowwan Keessan Eeguuf Tarkaanfiiwwan Fudhachuu dandeessan

### Hordoffii Kireedit /Eenyummaa keessatti galmaa'aa

1. **Marsariitii fi Galmee.** Gara Marsariitii <https://app.idx.us/account-creation/protect> deemuun qajeelfama galmee Koodii Galmee keessan kan xalayaa gubbaatti kenname fayyadamuun hordofaa.

2. **Hordoffii Kireedit hojiirra oolchuu (Activate the credit monitoring)** akkaataa qaama miseensummaa eegumsa eenyummaa IDX keessaniitti kennameetiin hojiirra oolchaa. Hordoffiin miseensummaa keessatti hammatame bu'a qabeessa ta'uuf hojiirra ooluu qaba. Hubachiisa: Tajaajila kana fayyadamuuf Kireedit fi qaqqabummaa kompiitara fi internetii hundeessuun dirqama. Yoo gargaarsa barbaaddan IDX si gargaaruu danda'a.

3. **Bilbila.** Waa'ee taatee kanaa odeeffannoo dabalataa argachuuf IDX 1-888-869-9523 qunnamaa, bakka bu'oota beekumsa qaban waliin waa'ee tarkaanfiiwwan barbaachisoo eenyummaa liqii keessanii eeguuf fudhatamuu qabanii haasa'aa.

4. **Gabaasa kireedit kee irra deebi'ii ilaali.** Ibsa herregaa ilaaluu fi gabaasa kireedit hordofaa dammaqinaan akka turtan isin gorsina. Seera federaalaa jalatti, akkasumas ji'oota 12 keessatti tokkoon tokkoon dhaabbilee gabaasa kireedit gurguddoo sadan irraa gabaasa kireedit keessanii kooppii bilisaa tokko fudhachuu mirga qabdu. Gabaasa liqii waggaa bilisaa argachuuf, gara [www.annualcreditreport.com](http://www.annualcreditreport.com) daawwadhaa ykn 1-877-322-8228 irratti bilbilaa. Gaaffii keessan ji'a afuritti biiruu liqii sadan keessaa isa tokkoon gabaasa bilisaa wal-jijjiiruu ni dandeessu.

Wantoota shakkisiisaa ta'an yoo argitan fi eegumsa eenyummaa IDX keessatti yoo galmaa'e, bilbiluun ykn marsariitii IDX seenuun gaaffii gargaarsaa galchuudhaan hatattamaan beeksisaa.

Yoo gaaffii gargaarsaa galfatte ykn sochii shakkisiisaa yoo gabaaste, miseensi garee Kunuunsa Eenyummaa keenyaa: kan meeshaalee shakkisiisoo ta'an murteessuuf si gargaaru si qunnama. Sababa taatee kanaarraa kan ka'e hanna eenyummaatiin yoo miidhamte, Ogeessi Kunuunsa Eenyummaa bakka kee bu'ee miidhaa dafee adda baasu, dhaabuu fi duubatti deebisuuf hojjetu siif ramadama.

Akkasumas hanni eenyummaa yoo isin mudate, yoomiiyyuu gabaasa poolisiif dhiyeessuuf mirga akka qabdan beekuu qabdu. Hubadhaa, hanna eenyummaa ilaalchisee gabaasa yakkaa ykn gabaasa taatee qaama seera kabachiisuuf dhiyeessuuf, miidhamaa ta'uu keessan ragaa gosa muraasaa dhiyeessuun isin barbaachisuu hin oolu. Yeroo baayyee meeshaalee sobaa falmuuf gabaasa poolisii barbaachisa. Taateewwan hanna eenyummaa shakkaman qaamolee seera kabachiisan naannoo keessaniitti ykn Abbaa Alangaa Waliigalaatti gabaasuu dandeessu.

5. **Akeekkachiisa Hannaa kaa'uu** Biiruu Kireedit sadan keessa. Yoo akeekkachiisa hannaa kaa'uu filattan; hordoffii kireedit keessan erga hojiirra oolchitanii booda: Biiruu kireedit gurguddoo sadan keessaa tokko keessa bilbilanis ta'ee karaa marsariitii Experian ykn Equifax akeekkachiisa hannaa akka keessan isin gorsina. Akeekkachiisni hannaa, abbootiin liqaa herrega haaraa kamiyyuu banuun ykn herrega keessan isa duraa jiru sana, jijjiiruu isaanii dursee isin

qunnamuu dabalatee hojimaata murtaa'e akka hordofan itti hima. Sababa kanaaf, akeekkachiisa hanna kaa'uun balaawwan hedduu irraa isin baraa kan danda'u yoo ta'u; garuu yeroo liqii fudhachuu barbaaddanitti xiqqoo gara duubaa isin harkisuu danda'a. Odeeffannoon quunnamtii biiroo sadanuu akka armaan gadiitti lafa goonee jirra:

### **Biuroowwan kireedit**

Equifax Fraud Reporting  
1-866-349-5191  
P.O. Box 105069  
Atlanta, GA 30348-5069

Experian Fraud Reporting  
1-888-397-3742  
P.O. Box 9554  
Allen, TX 75013

TransUnion Fraud Reporting  
1-800-680-7289  
P.O. Box 2000  
Chester, PA 19022-2000

[www.equifax.com](http://www.equifax.com)

[www.experian.com](http://www.experian.com)

[www.transunion.com](http://www.transunion.com)

Biuroowwan kanneen keessaa TOKKO qofa qunnamuu fi maloota kanneen keessaa TOKKO qofa fayyadamuun barbaachisaadha. Biiroo sadan keessaa inni tokko akeekkachiisa hanna keessan akkuma mirkaneesseen, warri kaanis galmee isaanii irratti akeekkachiisa akka kaa'an ni beeksifamu. Xalayaa mirkaneessaa poostaadhaan kan argattan yoo ta'u, sana booda gabaasa kireedit sadan isaanii gamaaggama keessaniif bilisaan ajajuu ni dandeessu. Akeekkachiisni hanna jalqabaa waggaa tokkoof kan turu ta'a.

**Hubachiisa: Isin malee namni kamiyyuu gabaasa liqii keessan irratti akeekkachiisa hanna akka kaa'u hin hayyamamu.**

6. **Security Freeze.** Security Freeze yoo keessan; Namni odeeffannoo eenyummaa dhuunfaa keessan gowwoomsaadhaanis yoo argate: odeeffannoo sanatti fayyadamee herrega haaraa banuuf ykn maqaa keessaniin maallaqa liqeffachuu hin danda'u. Freeze kaa'uuf biuroowwan gabaasa kireedit biyyoolessaa sadan armaan olitti tarreeffaman qunnamuu isin barbaachisa. Yeroo security freeze kaa'attan, hanga yeroodhaaf freeze sana kaaftanitti ykn dhaabbataadhaan irraa baaftanitti maallaqa liqeessuu, liqii battalaa argachuu ykn kaardii kireedit haaraa argachuu akka hin dandeenye yaada keessa galchaa. Faayilota liqii keessan freeze ykn unfreeze gochuuf baasiin tokkollee hin jiru.

7. **Odeeffannoo dabalataa argachuu dandeessu** hanna eenyummaa irraa of eeguuf tarkaanfiiwwan fudhachuu dandeessan ilaalchisee odeeffannoo dabalataa dhaabbilee armaan gadii irraa argachuu dandeessu. Komishiniin Daldala Federaalaas (Federal Trade Commission) namoonni odeeffannoon isaanii dogoggoraan fayyidaa irra ooluu isaa argan, komii akka dhiyeeffatan ni jajjabeessa.

### **Odeeffannoo Dabalataa**

Mata dureewwan kana irratti fi waa'ee dhaabbilee hordoffii kiireeditii caalaatti baruuf, Komishinii Daldala Federaalaa, ykn Abbaa Alangaa Waliigalaa kutaa naannoo keessanii qunnamaa.

- Komishinii Daldala Federaalaa kan argamu: 600 Pennsylvania Avenue NW, Washington, DC 20580; [www.identitytheft.gov](http://www.identitytheft.gov); 1-877-ID-THEFT (1-877-438-4338); and TTY: 1-866-653-4261.
- Komishiniin Daldala Federaalaas namoonni odeeffannoo isaanii dogoggoraan fayyadamuu argan komii akka isaaniif dhiyeessan jajjabeessa.
- Yoom iyyuu hanni eenyummaa ykn hanna yoo isiin mudate gabaasa poolisii dhiyeessuuf mirga qabdu. Hubadhaa, hanna eenyummaa ilaalchisee gabaasa qaama seera kabachiisuuf dhiheessuuf, miidhamaa ta'uu keessan ragaa tokko tokko dhiyeessuun isin barbaachisa. Fakkeenyonni hanna eenyummaa beekamaa ykn shakkamanis qaama seera kabachiisuu fi Abbaa Alangaa Waliigalaa kutaa naannoo keessaniif gabaafamuu qabu.

Beeksisni kun qaamolee seera kabachiisuun hin harkifamne.

*Jiraattota District of Columbia*, Abbaa Alangaa Waliigalaa District of Columbia karaan itti argamu: 400 6th Street, NW, Washington, DC 20001; 202-727-3400; and [oag.dc.gov](http://oag.dc.gov).

*Jiraattota Maryland*, Abbaa Alangaa Waliigalaa Maryland karaan itti argamu: 200 St. Paul Place, 16th Floor, Baltimore, MD 21202; 1-410-528-8662 or 1-888-743-0023; and <http://www.marylandattorneygeneral.gov/>.

Jiraattota New Mexico tiif, bu'uura labsii Gabaasa Kiireeditii Haqaatiin mirga qabdu, kanneen akka odeeffannoon galmee kiireeditii keessan keessa jiru yoo isin irratti fayyadame itti himamuu, mirga galmee kiireeditii keessan keessa jiru beekuu, mirga gaafachuu qabxii liqii keessaniif, fi mirga odeeffannoo guutuu hin taane ykn sirrii hin taane falmuu. Dabalataanis, bu'uura Labsii Gabaasa kiireeditii Haqaatiin biiroon gabaasa fayyadamtootaa odeeffannoo sirrii hin taane, guutuu hin taane, ykn mirkanaa'uu hin dandeenye sirreessuu ykn haquu qabu; dhaabbileen gabaasa fayyadamtootaa odeeffannoo faallaa yeroon isaa darbe gabaasuu dhiisuu danda'u; faayilii keessan argachuun daangeffameera; gabaasa kiireeditii hojjechiistotaaf akka kennamu hayyama keessan kennuu qabdu; odeeffannoo gabaasa liqii keessan keessatti argamu irratti hundaa'uun dhiyeessii liqii fi inshuraansii “dursee qoratame” argattu daangessuu dandeessu; akkasumas nama seera cabse irraa beenyaa gaafachuu dandeessu. Seera Gabaasa Liqii Haqaa kan asitti gabaabsinee hin ibsamne jalatti mirga dabalataa qabaachuu dandeessu. Miidhaamtoonni hanna eenyummaa fi loltuun hojii irra jiran bu'uura seera gabaasa liqii haqa qabeessaatiin mirga dabalataa addaa qabu.. Mirgoota keessan bu'uura Seera Gabaasa Liqii Haqaa [https://files.consumerfinance.gov/f/201504\\_cfpb\\_summary\\_your-rights-under-fcra.pdf](https://files.consumerfinance.gov/f/201504_cfpb_summary_your-rights-under-fcra.pdf),

Giddugala Deebii Fayyadamtootaa, Room 130-A, Federal Trade Commission, 600 Pennsylvania Ave. Irra deebiin akka ilaaltan isin jajjabeessina. N.W., Washington, D.C. 20580.

*Jiraattota New York*, Abbaa Alangaa Waliigalaa New York karaan itti argamu: Office of the Attorney General, The Capitol, Albany, NY 12224-0341; 1-800-771-7755; or <https://ag.ny.gov/>.

*Jiraattota North Carolina*, Abbaa Alangaa Waliigalaa North Carolina karaan itti argamu: 9001 Mail Service Center, Raleigh, NC 27699-9001; 1-877-566-7226 or 1-919-716-6000; and [www.ncdoj.gov](http://www.ncdoj.gov).

*Jiraattota Rhode Island, Abbaa* Alangaa Waliigalaa karaan itti argamu: 150 South Main Street, Providence, RI 02903; [www.riag.ri.gov](http://www.riag.ri.gov); and 1-401-274-4400. Seera Rhode Island jalatti, taatee kana ilaalchisee gabaasa poolisii dhiyaate kamiyyuu argachuuf mirga qabdu. Jiraattonni 67 Rhode Island taatee kanaan miidhaman jiru.